Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Volume 6, No.1, January 2023
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

*Full Length Research Paper*

# Sababoota Milkaa'ina Leenjii Dubbarree Barsiisotaa Haaraa Irratti Dhiibbaa Taasisan: Kolleejjii Barnootaa Barsiisotaa

Merga Gemeda (**PhD)***
Wollega University, Institute of ILSJ Oromo Language and Literature Department
Email: margaa.gammadaa445@gmail.com
Submission Date: September 26, 2022
Acceptance Date: December 26, 2022

## Axareeraa

*Qorannoon kun, Oromiyaa Dhiyaatti Kolleejjii barnootaa barsiisotaa keessatti, milkaa'ina leenjii dubbarree barsiisotaa tajaajila duraa irratti, sababoota dhiibbaa taasisan xiinxalame. Qorannoon kun, mala dhiyeenya walmakaatti gargaaramuun saxaxa sakatta'a ibsaan qindaa'eera. Iddatteessuutiin, Kolleejjii barnootaa barsiisotaa istiriimii saayinsii uumamaafi hawaasaa leenjifamtoota waggaa 3ffaa keessaa 180 mala carraan yoo filataman; leenjistoota 30 mala hammargeen fudhataman. Ragaalee guuruuf, bargaaffii, afgaaffii galmee sakatta'uufi Marii garee xiyyeeffannootti dhimma ba'ame. Qaaccessuuf ammoo, modeela istatiksii ibsaa, t-testii iddattoo dhaabbataafi liiner riigireeshiniitiin gargaarame. Argannoon ijoon sababoota leecallooniifi yeroon leenjii ga'aan dhibuun, leenjistoonni walitti fufiinsaan leenjisuufi qophii ga'aa gochuu dhabuu, leenjifamtoonni hordoffii dhabuu; leenjifamtoonni ofitti hamanannaa dhabuufi hanga barbaadameen oli kutaatti baay'achuun milkaa'ina leenjii dhubbarree irratti kanneen dhiibbaa hinta'umsaa geessisan ta'uu adda ba'e. Inni biraan, koorsiin leenjii dubbarreef qophaa'ee jiruu leenjifamtoota milkeessuu irratti, qulqullinaafi mijaa'ummaa kan hinqabne, ogummaa dub-barree barsiisuu leejifamtootaa kan hinmilkeessine, innuu torbeetti wayitiin ramadame lama qofa ta'uu mul'ate. Kanaaf, argannoo qo'annoo kanaan mul'ate irraa ka'uun, kaayyoo sagantaa leenjii kanaa galmaan ga'uuf BBO, KBB'fi qaama dhimmi ilaallatuun, osoo xiyyeeffannoon itti kennamee irratti hojjetamee, qulqullina leenjiifi leenjifamtoota milkeessuuf fala ta'a.*

**Jechoota Ijoo:** *Dhiibbaa, dubbarree, leenjii, milkaa'ina, sababoota*



* Corresponding author.

# Factors Affecting Pre-service Teachers' Trainees' Literacy Achievement: The Case of Oromia Teachers Training College

## Abstract

*The main objective of the study was to examine the factors affecting pre service teacher trainees' literacy achievement, Western Oromia Dambi Dollo, Nekemte and Shambu teachers training College. The design of the study was descriptive survey with mixed approach. Through lottery sampling technique, 180 3rd year trainees from social and natural science stream of three teacher's colleges and through available sampling 30 trainers from both collages were taken respectively. Data were collected using questionnaires, interview and focus group discussion. After the administration of the questionnaires, statistical analysis by an independent sample t-test and liner regression model were used. The results of the study showed that inadequate available of resource materials, limitation of training time, inconsistency in preparation of trainer for training, trainees unwilling to attend and lack of monitoring; lack of self-confidence and the crowdedness of the trainees in the class room are the key factors that affect the pre service teachers trainees literacy achievement. Furthermore, the findings indicated that the quality of training material is deficient and not at the expected standard in terms of acquiring teaching literacy skills. Therefore, based on the findings, in order to achieve the literacy training objectives of the program, it is recommended that the short comings identified in the study needs to be taken in to consideration by Oromia Educational Bureau, college of teacher's education and concerned body to modify the training system and training material.*

**Key Terms:** Affect, literacy, training, achievement, factors

## 1. Seenduubee Qorannichaa

Jechi dubbarree (*literacy)* jedhu, yaad-rimee, dubbisuufi barreessuu bakka bu'a (Street, 2004). Innis seera dhamsagootaan odeeffannoo maxxanfameefi barreeffame beekuun hawaasa keessatti hojii hojjechuu, kaayyoo ofii galmaan ga'uu, beekumsaafi dandeettii ofii guddisuudha (Adams, 1993). Dubbarreen akkaataa idileetti dandeettii namni dhuunfaan kaayyoo tokkoof, hawaasa keessatti bobba'uuf, akkasumas galma dhuunfaafi dandeettii dhuunfaa galmaan ga'uuf dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi hojjechuu irratti xiyyeeffatudha (Griffith'fi Lacina, 2018). Dubbarreen gama lakkoofsaas kan hammatu taa'ee, dandeettii bifa herregaatiin odeeffannoo dhiyaate fayyadamuun jireenya dhuunfaa geessatti itti gargaaramudha (Yang'fi Ping, 2012).

Yaada kana irratti ilaalcha saayinsiin hiikni dhiyeenya kennamaa jiru, dhaamsagootaaf xiyyeeffannoo kennuudha (Adams'fi Pegg, 2012). Sababiin dubbisuun odeeffannoo barreeffama dhaamsagootaan dhiyaate qayyabachuun, akkaataa sagalee dubbiifi galumsa afaanichaan hiika tilmaamuu yoota'u, barreessuun ammoo, caalmaatti caasaa barreeffamoota xinqooqaa gooreen ifoomsuu waan ta'eef (Street, 2004).

Kanarraa ka'uun, barumsi dubbarree barnootaafi mana barumsaa daa'immaniif bu'uuradha (Cash'fi kaan, 2015). Kunimmoo, qulqullina leenjiifi koorsii leenjii barsiisotaaf kennamuun murtaa'a (Alatalo, 2013). Qulqullina leenjiin barnoota dubbarree barsiisonni argachuu qaban, dandeettifi beekumsa (hubannoo sagalee, hiikuu, qubee, xiinsaga, dhamjecha), ogbarruufi madaallii dubbisuufi barreessuu, akkasumas waa'ee akkaataa hojiirra oolmaa irratti beekumsa bal'aa horachuudha (Krutka'fi kaan, 2016). Sababiin xiyyeeffannaan bal'aan barnoota dubbarreefi ulaagaalee isaan walqabatan qulqullina qophii barsiisotaa irratti waan waan taa'uuf (Gwekwerere, 2014).

Ka'umsi qorannoo kanaas dhimma kana irratti xiyyeeffata. Oromiyaa keessatti, sadarkaa KBB'tti leenjiiniifi qabiyyeen leenjifamtoota tajaajila duraaf kennamu qulqullinaafi ga'umsa leenjifamtootaa milkeessuu irratt dhiibbaa inni fidu qorannoon adda baafamuu dhabuudha. Kanaaf, akkaataa leenjiiniifi koorsiin leenjii ga'umsa leenjifamtootaa guddisuuf dhiibbaa taasisuu xiinxaluuf gargaara. Kun gadi fageenyaan yoo hojiirra hinoolle, haala fedhii barachuu barsiisuu barataafi barsiisaa gad-buusa; milkaa'ina barattoonni argachuu malan hanqisa (Doubet'fi Southall, 2018).

Rakkoolee kanaan walfakkaatu Ottley'fi kaan (2015) akka qoratanitti, bu'uurri leenjii barsiisotaa tajaajila duraa shaakala dandeettii dubbarree cimsachuufi ogummaa isaanii ga'umsaan agarsiisuuf meeshaalee leenjii qulqullina qabu dhabuu akka ta'e agarsiise. Keessattuu, akkaataan leenjiifi meeshaan irraa leenji'an ga'umsa hojii isaanii boodaaf carraa gaarii akka hinuumne mirkaneessan. Kun ammoo, leenjifamtoonni akka hojiin agarsiisaa leenji'aniif, shaakalli ga'aan dabalamee dhiyaachuu dhabuu irraa akka maddu adda baasan.

Haalli qabiyyee leenjii koorsii dubbarree KBB'f qophaa'eefi shaakala qabatamaan mul'atu irratti rakkoon bal'aan akka jiru qoratichi yeroo garaagaraa habuurera. Kana ilaalchisee qorrannoo aantee Perry'fi kaan (2013) bu'a qabeessummaa leenjii dubbarree irratti qorataniin, barsiisonni tajaajila duraa: Beekumsa seen-duubee barruu, hubannoo, hiikaafi bakka bu'iinsa jechootaafi gaaleewwan barruu keessaa, akkaataa barruun sadarkaa himaa, keeyyataafi barruutti qindaa'uu, sadarkaa barruufi unkaa isaa xiyyeeffannoon akka leenji'an adda ba'e. Haata'u malee, kallattii hundaan galma ga'iinsa kaayyoo leenjichaaf, jijjiiramoota danqaa ta'uu malan hinxiyyeeffanne.

Cash'fi kaan (2015) hariiroo hojirra oolmaa barnoota dubbarreefi bu'aa leenjifamtoota gidduu jiru irratti qoratameen walitti dhufeenya sirrawaan *(positive)* jiraachuu agarsiise. Krutka'fi kaan (2016), 'ga'ee dubbarree sadarkaafi gosa barnootaa garaagaraa keessaan gad-fageenyaan' barsiisuu jedhuu irratti qorataniin, shaakallii dubbarree gad-fageenyaa jijjiirama kan fidu ta'uu agarsiisan. Qorannoon kun lamaanuu ga'umsa leenjistootaan milkaa'ina argamuufi faayidaa walitti makiinsa dubbarree barsiisuun qabu ilaalan malee, sababoonni milkaa'ina leenjifamtoota dubbarree dhiibbaa taasisan maal akka ta'an hinkaafne. Kanarraa ka'uun, qorannoo kanaan qaawwaan gama leenjistootaa, leenjifamtootaafi gama biroon, sababoota dhiibbaa hinta'umsaa geessisan adda baasuuf xiyyeeffatame. Kanaaf, gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii barbaadan: sababoonni milkaa'ina dandeettii dubbarree leenjifamtootaa irratti dhiibbaa taasisan maal fayi? Koorsiin dubbarreef qophaa'ee jiru milkaa'ina leenjifamtootaaf ga'ee inni qabu irratti leenjistoonniifi leenjifamtoonni ilaalcha akkamii qabu?

## 2. Sakatta'a Barruu

### 2.1 Yaad-rimee Dubbarree

Yaad-rimeen dubbarree malaafi dandeettii dubbisuu, barreessuufi lakkoofsa adda baasuu akka ta'e bal'inaan hubatama (Fang, 1996). Baroota 1980s, kaasee wa'ee dubbarree irratti yaanni qorannoon kennamaa dhufe, dandeettii duubbisuufi barressuu irra kan darbudha. Innis mallattoowwan walxaxaa ta'anii mul'atan haala galumsa isaatiin hiika itti kennuuf ga'umsa horachuuti (Griffith, & Lacina, 2018). Kanarratti UNESCO'n dubbarreen yeroo hundumaa dhimmoota hawaasaafi aadaan kan walsimatu ta'ee, akkaataa galumsaan meeshaalee maxxansaafi barreeffamaan walitti fiduun dandeettii "adda baasuu, hubachuu, hiikuu, kalaquu, waliin dubbachuufi herrega hojjechuu akka ta'etti hiikame" (Lindquist, 2015, f. 191 ).

Akkaa ammayyaatti xiyyeeffannoon dubbarreef kenname, "walitti qabama shaakala hawaasaa galumsa irratti hundaa'ee" dhiyaatudha. Kun namni dhuunfaan shaakala dubbisuufi barreessuu adda baasuu guddifachuufi akka aadaa, siyaasaafi galumsa seenaa isaatti jijjiirama jireenya isaa irratti fiduudha. Fakkeenyaaf, "akka miseensa maatiitti, akka hojjetaatti, lammiiwwaniifi akka barattoota jireenya guutuutti dubbisuu, barreessuufi herregaa, odeeffannoo qabachuu, ilaalcha/yaada ibsachuu, murtii gochuufi rakkoo hiikuuf ga'umsa horachuutti" (Cash'fi kaan, 2015, f.98).

### 2.2 Qulqullina Qabiyyee Dubbarreefi Milkaa'ina Leenjifamootaa

Adeemsa leenjii barsiisotaa keessatti milkaa'ina leenjifamtootaa irratti kan dhiibbaa geessisan keessaa tokko qabiyyee barnootaafi mala baruu barsiisuu barnootichaan dhiyaatudha (Metzler'fi Woessmann, 2012). Gosa barumsaafi mala baruu barsiisuu wal simsiisuun dhimma ijoo ta'ee, akka addunyaatti hayyoota gidduutti falmii uumee jira (Metzler'fi Woessmann, 2012). Falmii jalqabaa, adeemsi barachuu, mala baruu barsiisuufi qabiyyeen barnootaa hundi caaccuu amala barsiisuu gaarii akka ta'etti kaasu. Faallaa kanaan, qabiiyyeen barnootaa mooraa leenjii bu'uureffatee kennamu, kan muuxannoo barsiisuufi manneen barnootaa gidduu jiruu irraa kan maddu ta'uu ibsu (Wilson'fi kaan, 2009). Yaadni walfalmii kanarraa fudhatamu, milkaa'ina leenjifamtootaaf qabiyyeen leenjii qulqullina qabu murteessaa ta'uu isaati.

Akkasumas, Alatalo, (2013) gama isaatiin, sadarkaa KBB'tti koorsiin leenjifamtootaaf dhiyaatu bu'uuraan bu'a qabeessa yoo hintaane, leenjifamtoota irratti milkaa'ina dandeettii hinargamsiisu. Hojii keessattis, dhiibbaa isaan qulqullina barnootaa irratti fidanis ta'e, dandeettii barattootaa cimsuu irrattis ga'ee isaan bahan gadi aanaa ta'a. Sababa kanaaf, barattoonni isaanii ga'umsaafi dandeettii ga'aa osoo hinhoratiin kutaatii kutaatti darbaa deemu.

Darbee, Adams'fi Pegg (2012) qabiyyeen koorsii barnootaa keessaan dhiyaatu haalaan yoo hinqophoofne, leenjifamtoonni walqixaan dandeettii dubbisuufi barreessuu hinhoratan. Akksumas, qabiyyeen koorsii keessatti afeen(*text*) dhiyaatu, shaakala dubbisuufi barreessuu barattootaaf yoo mijaa'ina hinqabaanne, sadarkaa afaan baratamu gad-bu'aa taasisa (Yoder'fi Young, 2013); gahumsa leenjifamtootaa irrattis rakkoo uuma. Akka Hebert'fi kaan (2016), rakkoolee akkasiif sababni koorsiin qophaa'uufi yaad-iddamaaf xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu akka ta'e mirkaneessan.

### 2.3 Sababoota Leenjii Dubbarree irratti Dhiibbaa Taasisan

Adeemsa leenjii dubbarreetiif barsiisota qopheessuun ga'umsa leejifamtootaa dagaagsuu irratti dhiibbaa qajeelaa fida; shaakala barsiisuu ga'umsa qabu horachiisa (Goulgouti'fi kaan, 2019). Kana jechuun, leenjifamtoonni dubbarree barsiisuu ga'umsa qabu yoo argatan beekumsa dubbarree dagaagfatu; bu'uura dubbarree, filannoo qabiyyee, shaakala barsiisuu mijataa duraa duubaan hojiirra oolchuu hubatu. Darbee, akkayyaa garaagaraa mala gaafannoo, walitti fiduu, walitti makuun; mala akkayyaa heddee barsiisa kallattii, kaayyoo barnootaafi barattootaaf mijataa ta'een barsiisuu horatu. Akkasumas, saxaxa barachuu garaagaraafi hojiirra oolchuu; akkaataa qulqullina qabuun barattoota hundaaf barnoota dhiyeessuu qaban baratu. Haata'u malee, leenjifamtoonni leenjii ga'umsa qabu yoo hinarganne faallaa kanaan dhiibbaa hinta'umsaati uumama (Zaki'fi kaan, 2019).

Inni kaan dhiibbaa shaakalli mija'aan dagaagfamudha. Kun leenjifamtoonni silabsiifi shaakala barnootaa, daree barnootaa tokkoof mijataa hintaane, sadarkaa birootti haala ittiin mijatu akka dagaagfatan taasisa (Ross'fi kaan, 2016). Kanaaf, leenjifamtoonni leenjii shaakala barsiisuu sadarkaa umurii barattootaa garaagaraatti barsiisan akka hubatan gargaara (Gwekwerere, 2014). Sababooti biroon, kanneen dhuunfaan walqabachuun ga'umsa dubbarree leenjifamtootaa irratti dhiibbaa taasisanidha (Marinak'fi Gambrell, 2008). Isaanis naannoo mul'ataa, miira, hawaasummaa, xiinqooqa, akkaataa ittifayyadamaafi karoorfannaa odeeffannoo, barnoota ga'umsa qabu; itti gaafatamummaa fedhii dhuunfaafi cimina barattootaa hammachiisuun barsiisuudha. Kanneen kunis, dagaagina beekumsa dubbarree barattootaa irratti dhiibbaa taasisa (Ross'fi kaan, 2016).

Kana malee, leenjifamtoonni barattoota aadaa, xiinqooqa, eenyummaa sanyii, gosa, amantii, koornayaafi bakka garaagaraa keessaa dhufan, ga'umsa mul'ata, barbaachaafi fedhii miira isaani beekuun akkamitti akka deeggaran horatu (Zaki'fi kaan, 2019). Kanaaf, leenjifamtoonni waa'ee kanneenii beekuun, karoorsanii barsiisuun seenduubee barattootaaf akka gatii laatan gargaara (Gwekwerere, 2014). Darbee, leenjifamtoonni akkamitti akka iyyaafannootti gargaaraman, fooyyeffataaniifi raawwatan; akkamitti akka barattoota gargaaruu danda'an dagaagfatu (Pe'er'fi kaan, 2007). Dhiibbaan dhumaa leenjifmtoonni yaadrimee silabasii dubbarree xiyyeeffachuun hiika kennuu, dagaagina afaanii, ibsa ga'umsaa, beekumsa qabiyyeefi dandeettii bu'uraa akka horatan taasisa (Zaki'fi kaan, 2019).

## 3. Malleeniifi Meeshaalee Qorannichaa

Qorannoon kun akka qorannoo saayinsawaatti ragaalee walitti qabuu, xiinxaluufi gabaasa barreessuuf saxaxa sakatta'aa qaxxaamuraa *(cross-sectional survey)*fi ibsaa *(explanatory)* dhimma ba'ame. Kana galmaan g'uufis, qorataan mala qorannoo walmakaatti dhimma ba'e. Akka hayyoonni Creswell, (2012) Cohen, Manion'fi Morrison (2007)'fi Kothari (2004) ibsanitti mala walmakaa ta'an keessatti, dhimmoota ijoo ta'an qindeessuun dhiyaateera. Darbee, ragaalee walitti qabuuf, barsiisota KBB Naqamtee, Dambi Doolloofi Shaambuu kanneen Istiriimii afaaniin ala ta'an dhiira 69'fi dhalaa 4 waligala 73 mala hammargeen hirmachifaman. Lenjifamtoota tajaajila duraa, kanneen Istiriimii afaaniin ala, muummeewwan Istiriimii garaagaraa waggaa 3ffaa keessaa dhiira109'fi dhalaa 71 waliigala 180, mala carraan filataman.

Odeeffannoo walitti qabuuf bargaaffii, afgaaffii, MGX'fi koorsii dubbarree sakatta'uutti dhimma ba'ame. Ragaalee bargaaffiin guurame baay'inaan 38 ta'e, dhugummaan isaa *Cronbach's alphan* shallagamee bu'aan (α = .867) yoodhiyaatu, kun ammoo dhugummaa sadarkaa baay'ee gaariidha. Qorataan ragaalee kana SPSS'tti naquun modeela istatiksii ibsaa; infireenshaalii (t-testii iddattoo dhaabbataafi ANOVA karaa tokkoo, hariiroo Spearman'iifi liiner riigireeshiniitiin) yoodhima ba'u, kanneen akkamtaan guuraman, akka rog-sadeessuuf ta'utti walitti fiduun jechaan qaacceffame (Al-sowat, 2012)'fi Creswell, 2012'fi Vanderstoep'fi Johnston, 2009).

# 4. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Qorannichaa

## 4.1 Sababoota Milkaa'ina Leenjii Dubbarree Irratti Dhiibbaa Taasisan

Gosa barnootaa garaagaraa keessaan leenjii dubbarree leenjifamtootaa milkeessuu irratti sababoota dhiibbaa hinta'umsaa *(-ve)* taasisan adda baasuuf akkayyaa bayinarii riigireeshiniitti dhimma ba'ame. Jijjiiramoota dhiibbaa uuman madaaluuf filannoo lama (0 = lakkii, 1= eyyeen) dhiyaatee deebiin funaaname. Kanarraa kan ka'e, jijjiiramoota dhaabbataa akaakuu walitti dhiyaataniin gabateewwan armaan gadii keessatti qaacceffame.

### Sababoota Leecalloon Walqabate

Gabatee 1 Leecalloon walqabatee sababoota dhiibbaa uuman

| Jijjiiramoota | | B | S.E. | Wald | Df | Sig. | Exp(B) | 95% C.I.for EXP(B) | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | Lower | Upper |
| Step 1[a] | Leecalloo | -1.619 | .433 | 13.953 | 1 | .000 | .198 | .085 | .463 |
| | Kitabilee | -.260 | .785 | .110 | 1 | .741 | .771 | .166 | 3.592 |
| | Constant | 9.337 | 1.711 | 29.770 | 1 | .000 | 1.197 | | |
| Jijjiiramoota guutaman: Leecalloo, Kitabilee | | | | | | | | | |

Madda: Ragaalee bargaaffii irraa walitti qabame

Akkuma gabatee olii kanarraa hubatamutti, sababoonni dhiibbaa taasisan hagam akka dhiibbaa taasisan irratti ragaalee hirmaattota irraa guuramee qaacceffame. Sababoota leecalloon walqabatee jijjiiramoota hirkatoo lama (leecalloon barachuufi barsiisuuf ga'aan dhibuufi kitaabileen ga'aa mana kitaabaati dhibuu) of keessaa qaba. Qaaccessaa akkayyaa kanaan bu'aan istaatiksii waliigalaa mul'ate, $X^2$ (5, N = 210) = 201.63, P<.000. Kun ammoo, sababoonni dhiibbaa taasisan jiraachuu hirmaattotaan guutameefi hinguutamiin adda baase. Akkayyaa kanaan sababoonni dhiibbaa taasisan (Cox & Snell $R^2$) % 61.7 fi (Nagelkerke $R^2$) %90.3 gidduutti kan argaman ta'ee, garaagarummaan qoodamaa dhiyaate %73.8 akka ta'e agarsiise.

Kana malee, jijjiiramoonni hirkatoon dhiyaatan keessaa, leecalloon barachuufi barsiisuuf ga'aan dhibuun qofti, bu'aa istaatistiksii barbaachisummaa *(P<.05)* kan qabu ta'uu agarsiise. Kanarratti, sadarkaa jijjiiramaan dhiibbaa taasisuu reeshi'oo si'a .198 oliinidha. Kun ammoo, deebii hirmaattonni guutan irra jireessaan dhiibbaa cimaa akka taasisu agarsiise. Haata'u malee, akka marii gare bleenjifamtootaa irraa hubatametti kitaabnis ta'e meeshaaleen deeggarsa leenjii dubbarreef gargaaru waan hinjirreef, milkaa'ina isaanii irratti akka dhiibbaa qabu mirkaneessan.

Marinak'fi Gambrell, (2008) eeranitti leenjii barnootaa keessatti meeshaalee deeggarsa barnootaa deeggeramuun dubbisuufi barreessuu irratti kaka'umsa leenjifamtootaa dabala; darbee, hirmaannaa leenjifamtootaa olkaasa. Kunis, milkaa'ina dubbarree leenjifamtootaa irratti dhiibbaa qajeelaa qabaata (Ross'fi kaan, 2016).

**Sababoota Leenjistootaan Walqabate**

Gabatee 2 Leenjistootaan walqabatee sababoota dhiibbaa uuman

| **Jijjiiramoota** | | **B** | **S.E.** | **Wald** | **df** | **Sig.** | **Exp(B)** | **95% C.I.for EXP(B)** | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | Lower | Upper |
| **Step 1**[a] | Yeroo leenjii | -1.598 | .719 | 4.937 | 1 | .026 | .202 | .049 | .828 |
| | Leenjii walitti fufaa | -1.919 | .745 | 6.639 | 1 | .010 | .147 | .034 | .632 |
| | Ga'umsa leenjistoota | -.425 | .747 | .324 | 1 | .569 | .654 | .151 | 2.825 |
| | Qophii ga'aa | -1.478 | .700 | 4.463 | 1 | .035 | .228 | .058 | .899 |
| | Constant | 14.417 | 3.496 | 17.009 | 1 | .000 | 2.138 | | |

**a.** Jijjiiramoota guutaman step 1: Yeroon, leenjii, ga'umsa, qophii.

Madda: Ragaalee bargaaffii irraa walitti qabame

Adeemsa leenjii dubbarree irratti leenjistootaan walqabatee sababoota dhiibbaa taasisan ilaalame. Akkayyaa kanaan jijjiiramoonni hirkatoon afur (yeroon leenjii dubbarree ga'aan dhibuu, leenjisaan walitti fufiinsaan leenjisuu dhiisuu, ga'umsa dhabuu leenjistootaafi qophii ga'aa gochuu dhabuu leenjistootaati). Jijjiiramoota kanarraa bu'aan barbaachisummaa istaatistiksii waliigalaa argame $X^2$ (5, N = 210) = 218.75, P< .000. Kun ammoo, bu'aa akkayyaa kanarraa kanneen dhiibbaa taasisan jiraachuu kan agarsiisedha. Garaagarummaan bu'aa akkayyaa kanaan mul'ate (Cox & Snell $R^2$) %64.7 fi (Nagelkerke $R^2$) %94.7 gidduutti argamudha. Kanaaf, akka akkayyaa kanaatti dhiibbaan jiru %98.6 ta'uu hubatame.

Akkasumas, jijjiiramoota hirkatatoo afran dhiyaatan keessaa sadii (yeroon leenjii dubbarree ga'aan dhibuu, leenjisaan walitti fufiinsaan leenjisuu dhiisuufi qophii ga'aa gochuu dhabuu leenjistootaa) addatti barbaachisummaa istaatiksii jiraachuu *(p<.05)* agarsiise. Kanneen keessaa leenjistoonni qophii ga'aa gochuu dhabuu reeshi'oo si'a .228 olii, yeroon leenjii dubbarree ga'aan dhabuu raashi'oo si'a .202 oliifi leenjisaan walitti fufiinsaan leenjisuu dhiisuun reeshi'oo si'a .147 oliin deebii hirmaattonni guutan irra jireessaan akka dhiibbaa taasisu agarsiise.

Argannoo bargaaffii irraa dhiyaate kana irratti, yaanni hirmaattota afgaffii leenjistootaafi marii garee leenjifamtootaan dhiyaate, milkaa'ina dandeettii leenjifamtootaa irratti akka dhiibbaa uumu mirkaneesse.

Haata'u malee, qorattoonni Zaki'fi kaan, (2019)fi (Pe'er'fi kaan, 2007), leenjii barnootaa keessatti yeroon leenjii barnootaaf xiyyeeffannoo kennuun, leenjistoonni qophii ga'aafi walitti fufiinsaan leenjisuun milkaa'ina leenjifamtootaa olkaasuu irratti ga'ee olaanaa akka qabu eeran.

**Sababoota Leenjifamtootaan Walqabate**

Gabatee 3 Leenjifamtootaan walqabatee sababoota dhiibbaa uuman

| | | B | S.E. | Wald | df | Sig. | Exp(B) | 95% C.I.for EXP(B) | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | Lower | Upper |
| Step 1[a] | Hordoffii taasisuu | -1.007 | .274 | 13.474 | 1 | .000 | .365 | .214 | .626 |
| | Seeraa leenjii | -.007 | .237 | .001 | 1 | .977 | .993 | .624 | 1.580 |
| | Ilaalcha sirrii | -1.418 | .288 | 24.297 | 1 | .000 | .242 | .138 | .426 |
| | Ofitti amanuu | -.579 | .215 | 7.236 | 1 | .007 | .560 | .367 | .855 |
| | Kutaatti baayyachuu | -1.345 | .260 | 26.829 | 1 | .000 | .260 | .157 | .433 |
| | Constant | 16.073 | 2.741 | 34.376 | 1 | .000 | 9.527 | | |

**a.** Jijjiiramoota guutaman step 1: hordoffii, seeraan, ilaalcha, ofitti, hanga.

Madda: Ragaalee bargaaffii irraa walitti qabame

Akkuma gabate olii kana keessatti dhiyaate, leenjifamtootaan walqabatee gosa barnootaa garaagaraa keessaan dubbarree leenjisuu irratti sababoonni dhiibbaa taasisan ilaalamee jira. Gabatee kana keessatti jijjiiramoonni dhaabbataan shan (leenjifamtoonni hordoffii dhabuu, leenjifamtoonni seera leenjii hordofuu dhabuu, leenjifamtoonni dubbarree irratti ilaalcha sirrii dhabuu, leenjifamtoonni ofitti hamanannaa dhabuufi hanga barbaadameen oli kutaatti baay'achuu leenjifamtootaati) dhiyaatan. Jijjiiramoota kanaan ragaaleen guurame akkayyaa liiner riigireeshiniin bu'aan waliigalaa argame, $X^2$ (5, N = 210) = 101.556, P< 000. Kunimmoo, dhiibbaan jiraachuu hirmaattotaan guutamaniifi hinguutamiin hafan kan adda baasedha. Akka akkayyaa kanaatti, bu'aan argame (Cox & Snell $R^2$) %38.3 fi (Nagelkerke $R^2$) %56.1 gidduu ta'ee addaa addummaan dhiibbaa jiruu ammoo %88.6 ta'uu agarsiise.

Kanatti dabalee, jijjiiramoonni barbaachisummaa istaatiksiii agarsiisan afur (leenjifamtoonni hordoffii dhabuu, leenjifamtoonni dubbarree irratti ilaalcha sirrii dhabuu, leenjifamtoonni ofitti hamanannaa dhabuufi hanga barbaadameen oli kutaatti baay'achuu leenjifamtootaati) qofaadha. Sadarkaan cimina dhiibbaa taasisuu jijjiiramootaa kunis: leenjifamtoonni ofitti hamanannaa dhabuun reeshi'oo si'a .56 oliin; leenjifamtoonni hordoffii dhabuun reeshi'oo si'a.36 oliin; leenjifamtoonni kutaatti baay'achuun reeshi'oo si'a .26 olii'fi leenjifamtoonni ilaalcha sirrii dhabuun reeshi'oo si'a.24 oliin dhiibbaa kan taasisan ta'uu agarsiisera.

Kana ilaalchisee odeeffannoo hirmaattonni *marii gareefi afgaaffii* garri caalaan isaanii yaada baragaaffiin guurame (leenjifamtoonni hordoffii dhabuufi kutaatti baayyachuun), kan deeggaru yoo himan, hammi muraa'an ammoo (fedhiifi ofitti hamanannaa dhabuu) isa jedhurratti walii hingalle.

Haata'u malee, akka Zaki'fi kaan, (2019) adeesanitti leenjii barsiisotaa keessatti leenjifamtoonni ofitti hamanannaa akka horatan taasisa. Leenjistoota isaanii irraa hordoffiifi xiyyeefannoo guddaati eegama (Pe'er'fi kaan, 2007). Gama birootiin, leenjifamtoonni kutaa barnootaatti baay'achuun hirmaannaa isaanii hordofuu irraatti dhiibbaa qabaata (Ross'fi kaan, 2016). Darbee, leenjifamtoonni qabiyyee leenjii irratti ilaalcha sirriifi xiyyeeffannoo akka hinqabaanne taasisa (Marinak'fi Gambrell, 2008). Kanaaf, akka argannoo qorannoo kanaatti yaadnni dhiyaate faallaa yaada hayyootaa kana ta'uun milkaa'ina leenjifamtootaa kan gad buusu akka ta'e mirkaneessa.

### 4.2 Ilaalcha Iddattootaa Koorsiin Dubbarree Leenjifamtoota Milkeessuu Irratti

Koorsiin leenjii dubbarreef qophaa'ee jiru, leenjifamtoota milkeessuu irratti ilaalchi ragaalee barattootaafi barsiisotaa irraa walitti qabame akkayyaa istaatiksii t-testii iddattoo dhaabbataa; barattoota Istiriimii Ispeshalistiifi Jeneralistii ammoo ANOVA karaa tokkootti dhimma ba'uun gabateewwan kanatti aanan keessatti dhiyaateera.

Gabatee 4: Ilaalcha iddattootaa koorsiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irraatti

| Garee Istatistiksii | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Jijjiiramoota deebii | Hirmattota | Lak. | BG (*Mean)* | SD *(Std. Devi.)* |
| Bu'aa gudduu waliigalaa | Barattootaa | 180 | 1.73 | .49 |
| | Barsiisota | 30 | 2.14 | . 59 |

Koorsiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irratti ilaalcha barattootaafi barsiisotaa t-testii iddattoo dhaabataan xiinxalame. Kanarraa waanti hubatame, ogummaa barsiisummaa dagaagsuuf koorsii dubbarreef qophaa'ee jiru barattoota milkeessuu irratti bu'aan waliigalaa ilaalcha barattootaa (*BG* =1.73, *SD*=.49) bu'aa baay'ee gad-aanaa yoota'u, bu'aan barsiisotaa (*BG* =2.14, *SD*=.59) irraa argame ammoo gad-aanaadha.

Gabatee 5: Ilaalcha barattootaafi barsiisotaa t-testii iddattoo dhaabataan

| Jijjiiramaa deebii ilaalcha barattootaafi barsiisotaa safaruuf | | Testi Levene's garaag.walqixaf | | t-testii walqixummaa bu'aa gidduuf | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | F | Sig. | t | df | Sig. (2-tailed | 95% Confid. Interval of the Difference Lower | Upper |
| Qabiyyee dubbarree leenjisuuf mijataa ta'e hammateera. | Garaag.walqixa tilmamame | .448 | .504 | -2.868 | 208 | .005 | -1.12 | -20 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -2.891 | 39.54 | .006 | -1.12 | -.20 |
| Maloota/tarsiimolee barachuu garaagaraa hammateera. | Garaag.walqixa tilmamame | 4.747 | .030 | -2.861 | 208 | .005 | -1.01 | -.18 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -2.653 | 37.24 | .012 | -1.05 | -.14 |
| Leenjifamtoota ga'oomsee kan hojiif qopheessudha. | Garaag.walqixa tilmamame | 3.353 | .069 | -3.533 | 208 | .001 | -1.15 | -.32 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -3.279 | 37.27 | .002 | -1.20 | -.28 |
| Ogummaa barsiisummaa kan dagaagsudha. | Garaag.walqixa tilmamame | 2.588 | .109 | -2.098 | 208 | .037 | -.43 | -.01 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -2.001 | 37.95 | .053 | -.44 | .00 |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Akkaataa barachuu garaagaraan hammateera. | Garaag.walqixa tilmamame | .040 | .842 | -2.907 | 208 | .004 | -.58 | -.11 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -2.394 | 34.80 | .022 | -.64 | -.05 |
| Fedhii leenjifamtootaan walsimee kan hojiif kakaasudha. | Garaag.walqixa tilmamame | .384 | .536 | -1.964 | 208 | .051 | -.40 | .00 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -1.872 | 37.94 | .069 | -.41 | .01 |
| Kaayyoo barnootaa gulantaa sammuu (cognitive) xiyyeeffata; | Garaag.walqixa tilmamame | 2.754 | .099 | -3.377 | 208 | .001 | -1.13 | -.29 |
| | Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -3.174 | 37.58 | .003 | -1.17 | -.26 |

* *garaag.walqixaaf (for equality of variances); * Addaan fageenya garaagarummaa mirkana %95 (95% Confidence interval of the difference)*

Koorsiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irraatti ilaalcha barattootaafi barsiisotaa waldorgomsiisuuf t-testii iddattoo dhaabataatti dhimma ba'ameera. Kanarraa kan ka'e, koorsiin dubbarree naannoo *(environment)* barachuu leenjifamtootaan walsimee qophaa'uu [ $t$ (208) = -1.42, $P$ =*.156* ( $P$ >.05)]'fi kallattii dalgeefi oleen gulantaafi dirree barnootaa garaagaraa irratti hundaa'ee qophaa'uun [ $t$ (208) = -.389, $P$ =*.697* ( $P$ >.05)], leenjifamtoota milkeessuu isaa irratti garaagarummaan barbaachisummaa ilaalchaa hirmaattota gidduu kan hinjirre *(P>.05)* ta'uu adda ba'e. Kanaaf, mala dhahiinsa nal kufaa taasisa.

Kana malee, koorsiin dubbarreef dhiyaate keessatti qabiyyeen garaagaraan hammatamee, milkaa'ina barattootaaf gumaacha buusuu isaa irratti ilaalcha barsiisotaafi barattootaa walbira qabuuf afgaaffiifi MGX'n odeeffannoon walitti qabameera. Kunneenis, Qabiyyeen dubbarreef hammachiifame hanga barbaadameefi kanneen dandeettii leenjifamtootaa guddisan miti" (Id.7SU). "Koorsii hammatame dubbisuu, barreessuufi lakkaawwii lakkoofsaafi caacculee xiinqooqaan walqabatan muraasa qofaadha" (Id.2SH). (Id.5SH). Yaada kana irratti ilaalchi barattoota irraa MGX'n dhiyaate, qabiyyeen koorsii dubbarreef dhiyaate akkaataa dandeettii leenjifamtootaa dagaagsuu danda'utti xiyyeeffannoofi qulqullina sadarkaa isaa eeggateen kan hinqophoofne ta'uu gareen hundinuu ibsaniiru. Kana malee, koorsiin dhiyaate akkaataa fedhii barattootaa hawwatutti akka hindhiyaanne himan.

Ilaalchi barsiisotaafi barattoota irraa walitti qabame gidduu garaagarummaan yaadaa kan hinjirre ta'uu agarsiisa. Kunimmoo, qabiyyeen dandeettii leenjifamtootaa guddisuuf hammatame hanga barbaadameefi sadarkaa isaa kan eeggate akka hintaane adda ba'era. Kanarratti, Hebert'fi kaan (2016) meeshaalee leenjii barnootaaf qophaa'u, akkaataa ga'umsa leenjifamtootaa guddisuun dandaa'amutti qabiyyeen leenjii hammatamuu baannaan milkaa'ina leenjifamtootaa eeguun hindandaa'amu. Keessattuu, leenjii dubbarreef qabiyyeen qophaa'u qorannootiin, tarsiimoo leenjii waliin hammachiisuun milkaa'ina leenjifamtootaaf akka karaa saaqu barreesseera.

Kanaan walqabatee, bu'aan bargaaffii qabiyyee dubbarree leenjisuuf mijataa ta'eefi maloota barachuu garaagaraa hammatamuu, leenjifamtoota ga'oomsee hojiif qopheessuu, ogummaa barsiisummaa dagaagsuu, akkaataa barachuu garaagaraan hammatamuu, fedhii leenjifamtootaan walsimuu, daangaafi tartiiba isaaf xiyyeeffannoon kennamuufi kaayyoo barnootaa domenii

sammuu xiyyeeffachuu ilaalchisee garaagarummaan bu'aa gidduu jira *(P<.05)*. Kunimmoo, mala dhahiinsa nal kufaa taasisa. Qabiyyeen barnootaa dubbarrees, leenjifamtoota milkeessuu irratti hanqina kan qabu ta'uu aragsiisa. Kanarraa kan ka'e, cuunfaan istaatiksii ibsaafi bu'aa madaallii t-testii iddattoo dhaabbataa akkaataa gabatee kanatti aanuun dhiyaateeraa.

Gabatee 6**:** Ilaalcha iddattootaa cuunfaa madaallii t-testii iddattoo dhaabbataan

| Jijjiiramaa deebii ilaalcha barattootaafi barsiisotaa safaruuf | Testi Levene's garaag.walqixaf | | t-testii walqixummaa bu'aa gidduuf | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | F | Sig. | t | df | Sig. (2-tailed | 95% Confid. Interval of the Difference | |
| | | | | | | Lower | Upper |
| Garaag.walqixa tilmamame | 5.162 | .024 | -4.104 | 208 | .000 | -6.11 | -2.14 |
| Garaag.walqixa hintilmamamne | | | -3.615 | 36.09 | .001 | -6.44 | -1.81 |

Akka gabatee kanarraa mul'atutti, bu'aan gidduu barattoota (*BG* = 1.73, *SD* = 0.49) fi barsiisotaa (*BG* = 2.14, *SD*=0.59;t (208) = -4.10, *P* <.000). Bal'inni garaagaraumaa bu'aa gidduu (Garaaga-rummaa bu'aa = %95 CI: -6.110 to-2.144) baay'ee xiqqaa yoo ta'u (η2 = 0.01).

Kunimmoo, koorsii dubarreef qophaa'e leenjifamtoota milkeessuu irratti bu'aa baraattootafi barsiisotarraa argamee gidduu garaagarumaan barbaachisummaa jirachuu *(P<.05)* agarsiisa. Kanaaf, agannoon koorsiin dubbarreef qophaa'ee leenjifamtootaaf kennamaa jiru qulqullinaafi mijaa'ummaa kan hinqabne, ogummaa dubbarree barsiisuun leejitoota kan hingonfachiifne, akkaataa barachuufi malootaan kan hinhammatamne, daangaafi tartiibaafi domenii sammuu irratti kan hinxiyyeefanne waan ta'eef, milkaa'ina leenjifamtoota irratti bu'aa inni qabu gad-bu'aa ta'uu adda ba'e.

Gabatee 7: Ilaalcha barattootaa Istiriimii Ispeshalistiifi Jeneralistii ANOVA karaa tokkoon

| | | Idaa'ama isku-weerii *(Sum of squares)* | df | Bu'aa iskuweerii *(Mean square)* | F | Sig. | η2 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Koorsiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irraatti | **Istiriimii Ispeeshalistii** | | | | | | |
| | Gareewwan Gidduutti | 34.067 | 2 | 17.033 | 3.335 | .040 | .000 |
| | Gareewwan Keessatti | 444.333 | 87 | 5.107 | | | |
| | Idaa'ama | 478.400 | 89 | | | | |
| | | | | | | | |
| | **Istiriimii Jeneralistii** | Idaa'ama isku-weerii *(Sum of squares)* | df | Bu'aa iskuweerii *(Mean square)* | F | Sig. | η2 |
| | Gareewwan Gidduutti | 18.200 | 2 | 9.100 | 3.953 | .023 | .000 |
| | Gareewwan Keessatti | 200.300 | 87 | 2.302 | | | |
| | Idaa'ama | 218.500 | 89 | | | | |

Madda: Bargaaffii barattootaaf dhiyaaterraa

Gabateen 4.9 kun koorsiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irratti garee gidduutti garaagarummaa ilaalcha barattootaa Istiriimii Ispeshalistiifi Jeneralistii waliigalaa qaban ANOVA karaa tokkoon qaacceffamedha. Ilaalcha barattootaa kana xiinxaluuf kolleejjii (Gareen 1: Dambi Doolloo; Garee 2: Naqamtee; Garee 3: Shaambuu). Kanarraa kan ka'e, koorsiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irratti ilaalchi barattoootaa Istiriimii Ispeshalistii qabxiin bu'aa $F$ (2, 87) = 3.33, $p < .04$, $\eta 2 = .00$ yoo mul'atu, gama Istriimii Jeneralistii qabxiin bu'aa mul'ate $F$ (2, 87) = 3.95, $p < .023$, ($\eta 2 = .00$) laafaa ta'e argame.

Kana waan ta'eef, ilaalcha barattootaa Istiriimota sadan kolleejjii keessa jiran irratti hundaa'uun garaagarummaan barbaachisummaa garee gidduutiifi garee keessaatti argameen bu'aan alfaan gadiiti (P<.05). Kanaaf, mala dhahiinsi nal $(H_o)$ hanga sadarkaa %5 kufaadha. Kanatti dabalee, garaagaraummaa qabatamaa garee gidduu jiru ($\eta 2 = .00$) ta'edha. Kunis, barbaachisummaan *(sig.)* ilaalcha lamaaniin dhiyaate laafaa ta'uu agarsiisa. Kunimmoo, hirmaattonni Istiriimii Ispeshalistiifi Jeneralistii deebii ilaalchaa walfakkaataa qabaachuu isaanii waan agarsiisuuf koorsiin leenjii dubbarreef dhiyaatee jiru leenjifamtoota milkeessuu irratti ga'umsa kan hinqabne ta'uu hubatame. Ragaa bargaaffiin dhiyaateen walbira qabee xiinxaluuf, koorsii dubbarreef dhiyaate keessatti qabiyyeen garaagaraa hammachiifamuu irratti ilaalcha barsiisotaa afgaaffiin walitti qabameera. Kanneenis:

"Qabiyyeen dhiyaate hanga mrtaa'e beekumsa horachiisudha" (Id.4SU). "Leenjifamtoonni baay'een dubbisuufi barreessuu irratti hanqina qabu. Koorsiin kunis, mala ittiin leenji'anmalee, akkaataa dandeettii leenjifamtootaa fooyyessuuf ta'utti, qabiyyee garaagaraa hammatee hindhiyaanne. Kanaaf, beekumsa ogbarsiisaa horachiisuu irratti shakkiin qaba" (Id.8SH)."Qabiyyeefi yeroon ramadame xiqqaachuun, leenjifamtoonni filataman ga'umsa dhabeeyyota ta'uuniifi koorsiin dhiyaate qulqullina dhabuun beekumsa leenjifamtoonni argatan gad-xiqqeessa (Id.10SH).

Kanarratti yaanni MGX barattootaan dhiyaate, hanga tokko ilaalcha barsiisonni kennan kan deeggarudha. Innis, qabiyyeen koorsii dubbarree keessatti hammatame qabiyyee garaagaraa kan hinxiyyeeffanne ta'uu isaati. Kun ammoo, beekumsa qabiyyee ogbarsiisaa leenjifamtoonni argatan akka xiqqeessu ibsaniiru. Haata'u malee, yaada barsiisonni kennan irraa faallaan dhiyaate, beekumsa ogbarsiisaa barattoonni horatan qabiyyeen garaagaraa hammatamuu qofa irraa osoo hintaane, leenjisaa qulqullina qaburraas kan horatamu ta'uu gareewwan hunduu ibsaniiru.

Koorsii dubbarreef qophaa'ee ittiin barsiifamaa jirurraa ragaan sakattaa'ame ballinaan beekumsa waliigalaa jeechootaafi tajaajila jechootaa dubbisuu, herrega dubbisuu, barnoota saayinsii dubbisuu, jabeenya qaamaa dubbisuu, artii dubbisuu jedhurratti yaadannoo garaagaraa dhiyaateera. Haata'u malee dandeettii barreessuu ilaalchisee qabiyyeen dhiyaate hinjiru. Qabiyyeen waliigalaa kitaabicha keesatti dhiyaate akkaataa, malootaafi tooftaalee dubbisuufi barreessuu kan dhiyeesse osoo hintaane, hubannoo dubbisuufi yaadiddama dubbisuu leenjifamtoonni shaakaluun ga'umsa horatani irratti kan xiyyeeffate miti. Kanaaf, koorsiin dhiyaateeru dubbarree irratti leenjifamtoota ga'umsuuf ga'ee inni qabu gad bu'aa ta'uu agrsiise.

Waliigalatti, argannoon mul'ate, leenjifamtoota milkeessuu irraatti ilaalchi barattootaafi barsiisotaan koorsiin leenjii dubbarreef qophaa'e kan sadarkaa isaa eeggateefi adeemsa qulqullina qabuun kan hinqophoofne ta'uu isaati. Qabiyyeen dandeettii leenjifamtootaa guddisuuf hammatame hanga barbaadameefi sadarkaa isaa kan eeggate akka hintaane; koorsiin dubbarreef qophaa'ee leenjifamtootaaf kennamaa jiru qulqullinaafi mijaa'ummaa kan hinqabne, ogummaa dubbarree barsiisuun leejifamtoota kan hingonfachiifne; akkaataa barachuufi malootaan kan hinhammatamne; daangaafi tartiibaafi gulantaa sammuu irratti kan hinxiyyeefanne waan ta'eef, milkaa'ina leenjifamtoota irratti bu'aa inni qabu gad-bu'aa ta'uufi rakkoo yaad-iddamaaf xiyyeeffannoo kennuu dhiisuudha akka ta'e adda ba'e.

Kunimmoo, akka Al-Barakat'fi kaan (2011) ibsanitti, qabiyyeen barnootaaf qophaa'u, sagantaa barnootaaf saxaxame irratti sadarkaa beekumsaa leenjifamtootaa kan dabalu ta'uu akka qabu ibse. Keessattuu, sadarkaa leenjii barsiisotaatti, meeshaaleefi qabiyyeen leenjiif dhiyaatu, beekumsa leenjifamtootaa irratti dhiibbaa kan fidu ta'uu akka qabu jabeessee ibse. Darbee, Alatalo, (2013), sadarkaa KBB'tti koorsiin leenjifamtootaf dhiyaatu bu'uura qabeessa yoo hintaane, dandeettii leenjifamtoota irratti akka jijjiirama hinfinne hubachiisa. Akkasumas, Metzler'fi Woessmann (2012), qabiyyeen barnootaa mala baruu barsiisuufi tarsiimoo garaagaraan hammatamee hindhiyaanne milkaa'ina leenjifamtootaa irratti dhiibbaa geessisu xiqqaa akka ta'e mirkaneessan. Kanaaf, Wilson'fi kaan (2009), qabiiyyeen barnootaa leenjifamtootaaf qophaa'u muuxannoo barsiisuufi akkaataa leenjisaan hojiirra oolchuu danda'utti kan qophaa'e ta'uu akka qabu eeru. Koellner, fi Jacobs (2015) adeemsa qophii qabiyyee dubbarree leenjii barnootaa keessatti ilaalcha qopheessitoonni qabiyyee filachuufi qopheessuu irratti agarsiisan ga'umsa leenjifamtootaa milkeessuu irratti dhiibbaa inni qabu guddaadha.

## 5. Goolabaafi Yaada Furmaata

Akka yaad-iddama paradaayimii ijaarsaatti, dagaagina ogummaa barsiisummaaf haalaafi sadarkaa garaagaraa keessaan xiyyeeffannoon raawwatamuu kan barbaadudha. Kanaaf, leenjifamtoota milkeessuuf qulqullinaan leenjii dubbarree irratti sababoota dhiibbaa hinta'umsaa uumaniifi qulqullina koorsii leenjii dubbarreef qophaa'e irratti qoratameen argannoo, goolabaafi yaadni furmaataa dhiyaateera.

1. Cuunfaatti, leenjii dubbarreen leenjifamtoota milkeessuu irratti sababoonni leecalloon walqabateen, sababoota leenjistootaan walqabateefi sababoota leenjifamtootaan walqabatee dhiibbaa taasisaniif argannoon adda ba'eera. Keessatuu, leecalloon ga'aan (meeshaalee deggersa koorsii barnootaa, silabasiifi maanuwaalii leenjii, kuufama kitaabotaa mana kitaabaa) dhibuun, kanneen dhiibbaa geessisanidha. Darbee, leecalloon walqabatee sababni biroon adda ba'e, yeroon/ wayitiin leenjii barnootaa dubbarreef qoodame torban keessaa, lama qofa ta'uun leenjifamtoota ga'oomsuu irratti carraa kan hinqabne ta'uu adda ba'e. Kunimmoo, leenjistoonni mala garaagaraatti gargaaramanii akka hindeeggare taasisa (Paul'fi Tendeukai, 2015).

Akkasumas sababoonni leenjistootaan walqabateen leenjisaan walitti fufiinsaan leenjisuu dhiisuu, qophii ga'aa gochuu dhabuun sadarkaa olaanaa ta'een dhiibbaa kan uumedha. Akkasumas, leenjifamtoonni hordoffii ga'aa dhabuu, dubbarree irratti ilaalcha sirrii dhabuu, ofitti hamanannaa

dhabuufi hanga barbaadameen oli kutaatti baay'achuun dhiibbaa kan uumedha. Rakkoon akkasii qulqullina irratti dhiibbaa kan geessisudha (Paul'fi Tendeukai, 2015).

2. Kana malee, koorsiin leenjii dubbarreef qophaa'ee jiru, leenjifamtoota milkeessuu irratti ilaalcha barsiisonniifi barattoonni qabaniin, gama barattootaan bu'aan argame gadaanaa yoo ta'u, gama barsiisotaan ammoo giddu-galeessadha. Haata'u malee, meeshaalee funaansa ragaalee garaagaraan ragaa walitti qabamerraa, koorsiin dubbarreef qophaa'e milkaa'ina leenjifamtootaa irratti dhiibbaa inni qabu xiqqaadha. Kanaaf, ragaan dhiyaate koorsiin dubbarreef qophaa'eeru qulqullinaafi mijaa'ummaa dhabuu, sadarkaa eeggachuu dhabuu, akkaataafi maloota barachuu hammachuu dhabuu, daangaafi tartiibaafi gulantaa sammuu irratti xiyyeefannaa dhabuu isaatii adda ba'e. Kana irratti, ilaalchi leenjifamtoonni qaban kan walfakkaatu ta'uu agarsiise. Kunis naannoo barnootaa mijataa waanhinuumneef leenjifamtoonni akka kaka'umsaan hinleenjine taasisa (Pe'er, Goldman'fi Yavetz, 2007).

Kanarraa ka'uun, yaanni furmaataa qaamolee: Saxaxeessitoota sagantaa, fooyyessitoota dagaagina ogummaa barsiisotaa, seektera leenjii kolleejjii barnootaa BBO'fi leenjistoota leenjii dubbarreef dhiyaateera. Yaadni duraa, dagaagsitoota ogummaaf yoota'u, fooyya'iinsa qulqullina ogummaa dubbarree keessatti akkamitti keessa deebi'anii akka dagaagina ogummaa barsiisum-maa fooyyessan yaada dhiyaatedha. Inni biroon, leenjistoota leenjii dubbarreef dhiyaatedha. Innis gochaalee leenjii keessatti koorsii dubbarreef qabiyyee dabalataa hammachisuun akkaataa fooyya'iinsa leenjiif ta'u akka hojjetan kallattii agarsiisudha (Paul'fi Tendeukai, 2015). Leenjii dubbarree leenjifamtootaaf kennamu keessatti kallattii hundaan sababoota qulqullinni isaa irratti dhiibbaa hinta'umsaa geessisan maqsuuf giddu seenummaa *(intervention)* leenjistootaa kan barbaadudha (Wilson'fi kaan, 2009).

Giddu seenummaan kaan ammoo, sadarkaa koorsiin leenjii dubbarreef dhiyaatee jiru irratti kan xiyyeeffatedha. Kun ammoo, qabiyyeen barnootaa leenjii dubbarreef qophaa'e ittiin leenjifamu qorannoo irratti hundaa'ee sadarkaa isaa eegee kan qophaa'e akka hinta'iin ragaalee argame irraa hubatame. Kanaaf, akka Metzler'fi Woessmann (2012) eeranitti, saxaxeessitoonnii, BBO'fi leenjistoonni leenjii sagantaa dubbarree KBB waliin ta'uun qorannoofi kallattii fooyya'iinsa leenjifamtootaa dubbarree tajaajila duraa fooyya'u irratti yoo hojjetan qulqullina barnootaa dubbarreef gumaacha bu'uuraa nikaa'ama.

## Fuulleffannoo Qorannoo Kanaa Leenjii Barsiisotaa Irratti

Qorannoon kun barsiisonni sadarkaa tokkoffaa barnoota dubbarreef leenji'an/ qophaa'an irratti dhiibbaa *(implication)* hedduu qaba. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti sagantaaleen KBB Oromiyaa keessatti (a) barnoota dubbarreef yeroo dabalataa ramaduu; (b) hunda caalaa, leenjifamtoonni hubannoo dubbisuu/barreessuufi dandeettii dubbarree sadarkaa olaanaa akka horataniif, leenjistoonni walitti fufiinsan shaakala yeroo dheeraa taasisuu qabu. (c) Qabiyyee leenjifamtootaa ga'oomsuun dandeettiifi rakkoo dubbarree daa'immanii maqsu hammachiisuun leenjifamuu qabu. (d) Kana malee, leenjifamtoonni sagantichaaf xiyyeeffannoo kennuun, hordoffii, kaka'umsaafi ofitti hamanannaa ga'aa godhachuu qabu. Waligalatti jijjiirama wantoota leenjii dubbarree irratti dhiibbaa geessisan hir'isuun barbaachisaadha.

Jijjiiramaan sagantaalee barsiisa dubbarree KBB Oromiyaa keessatti kennamu addatti xiyyeeffannoo kan argate hinfakkaatu. Sirumayyuu, hiika beekumsa dubbarreef barbaachisu irratti rakkoolee addunyaa maraa kan calaqqisiisu fakkaata (Metzler, & Woessmann, 2012; Yoder, and Young, 2013). Qajeelfamni koorsichaa kolleejjii hedduu keessatti dhiibbaa gahaa kan qabu hinfakkaatu. Silaa KBB Oromiyaa keessatti waa'ee leenjii dubbarree leenjifamtootaa ilaalchisee kanneen qulqullina leenjii irratti dhiibbaa uuman xiyyeeffannoon adda baasuun, baay'ee irratti hojjechuun fooyyessuu kan qabudha.

Dhumarratti qorataan kun, Oromiyaa keessatti barsiisonni sadarkaa tokkoffaa hojii ogummaa dheeraa akka qabaatan cimsee fedha. Kanarraa kan ka'e, KBB'n barnoota dubbarree irratti leenjiin kennamu, barsiisota beekumsa bu'uuraa damee kana irratti qabaniin qofa kennuu qaba. Leenjii barsiisotaa tajaajila duraa, gama barnoota dubbarree irratti, barsiisonni dandeettii gama argannoowwan saayinsiifi peedaagoojiin argamaniin yeroo yeroon akka argatan gochuun murteessaadha. Barsiisonni sadarkaa tokkoffaaf leenji'an, jireenya isaanii guutuu ogeessota gaarii akka ta'aniif, barnoota dubbarree irratti leenjii qulqullina olaanaa qabu fooyyeffataa akka deemaniif itti fufuun yeroo yerootti haala sirnaan qindaa'eefi to'annoo qabuun argachuu qabu jedheen amanna.

## Galata

Galma ga'iinsa qorannoo kanaaf, tumsa maallaqaa Yuunivarsiitiin Wallaggaa naaf taasisee baay'een galateeffadha. Akkasumas, ragaalee guutuun, walitti qabuufi odeeffannoo naaf kannuun nagargaaran: Oggantoota, barsiisotaafi barattoota KBB Dambi Doolloo, Naqamteefi Shaambuu guddaan haagalatooman. Dhumarratti, waahillan waraqaa kana gulaaluun nagargaaran ulfaadhaa.

## Wabiilee

Adams, M. (1993). 'Beginning to read: *An overview' in Beard, R teaching literacy balancing perspectives.* Hodder & Stoughton: London 'Introduction' pp. 204-215.

Adams, A. E., & Pegg, J. (2012). Teachers' enactment of content literacy strategies in secondary science and mathematics classes. *Journal of Adolescent and Adult Literacy,* 56, pp. 151–161.

Alatalo, T. (2013). "Sustainable reading and writing instruction: A question for teacher education." *The International Journal of Literacies*, 19 (3): 1–11.

Al-Barakat, A. A., and Bataineh, R. F. (2011). "Preservice childhood education teachers' perceptions of instructional practices for developing young children's interest in reading." *Journal of Research in Childhood Education,* 25 (2): 177–193.

Al-sowat, H. (2012). An evaluation of English language textbook "say it in English" for first year intermediate grade in Saudi Arabia. *Journal of Studies in Curriculum and Supervision,* Vol. 3 - No. 2.

Cash, A., Cabell, S., Hamre, B., DeCoster, J., & Pianta, R. (2015). Relating prekindergarten teacher beliefs and knowledge to children's language and literacy development. *Teaching and Teacher Education, 48,* pp. 97-105.

Cohen, L., Manion, L., & Morrison, K. (2007). *Research methods in education*. (6th ed.). London: Rutledge.

Creswell, J.W. (2012). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approach.* (4th edition). London: Sage Publications, Inc.

Doubet, K. J., & Southall, G. (2018). Integrating reading and writing instruction in middle and high school: The role of professional development in shaping teacher perceptions and practices. *Literacy Research and Instruction, 57*(1), pp. 59-79.

Fang, Z. (1996). A review of research on teacher beliefs and practices. *Educational Research, 38* (10), pp. 47-65.

Goulgouti, A., Plakitsi, K., & Stylos, G. (2019). Environmental literacy: Evaluating knowledge, affect, and behavior of pre-service teachers in Greece. *Interdisciplinary Journal of Environmental and Science Education*, 15(1),

Griffith, R., & Lacina, J. (2018). Teacher as decision maker: A framework to guide teacher decisions in reading. *The Reading Teacher*, *71*(4), pp. 501-507.

Gwekwerere, Y. (2014). Pre-service teachers' knowledge, participation and perceptions about environmental education in schools. *Australian Journal of Environmental Education*, 30(2), pp. 198-214.

Hebert, M., Bohaty, J. J., Nelson, J. R., and Brown, J. (2016). "The effects of text structure instruction on expository reading comprehension: A Meta-analysis." *Journal of Educational Psychology* 108 (5), pp. 609–629.

Koellner, K. & Jacobs, J. (2015). Distinguishing models of professional development: The case of an adaptive model's impact on teachers' knowledge, instruction, and student achievement. *Journal of Teacher Education*, 66(1), pp. 51- 67.

Kothari, C.R. (2004). *Research methodology: Methods and techniques*. (2nd edition). New Delhi: New Age International PLtd. Publishers

Krutka, D. G., Carpenter, J. P., & Trust, T. (2016). Elements of engagement: A model of teacher interactions via professional learning networks. *Journal of Digital Learning in Teacher Education*, *32* (4), pp. 150-158.

Lindquist, J. (2015). *"Literacy." Keywords in writing studies.* Paul Heilker and Peter Vandenberg, eds. Utah State University Press, pp. 99-102.

Marinak, B., & Gambrell, L. B. (2008). Intrinsic motivation and rewards: What sustains young children's engagement with text? *Literacy Research and Instruction*, 47, pp. 9–26.

Metzler, J., & Woessmann, L. (2012). The impact of teacher subject knowledge on student achievement: Evidence from within-teacher within-student variation. *Journal of Development Economics*, 99 (2), pp. 486-496.

Ottley, J., Piasta, S., Mauck, S., O'Connell, A., Weber-Mayrer, M., & Justice, L. (2015). The nature and extent of change in early childhood educators' language and literacy knowledge and beliefs. *Teaching and Teacher Education, 52, pp.* 47-55.

Paul, M. Tendeukai, I.Ch. (2015). Factors contributing to ineffective teaching and learning in primary schools: Why are schools in decadence? *Journal of Education and Practice*, Vol.6, No.19, Pp.12-132,

Pe'er, S., Goldman, D., & Yavetz, B. (2007). Environmental literacy in teacher training: attitudes, knowledge, and environmental behavior of beginning students. *Journal of Environmental Education* 39, pp. 45-60.

Perry, M., Wessels, A., & Wager, A. C. (2013). From play building to devising in literacy education: Aesthetic and pedagogical approaches. *Journal of Adolescent & Adult Literacy*, 56, pp. 649–658.

Ross, M., Perkins, H., & Bodey, K. (2016). Academic motivation and information literacy self efficacy: The importance of a simple desire to know. *Library & Information Science Research*, 38(1), pp. 2-9.

Street, B. (2004). *Understanding and defining literacy*. Background Paper for EFA Global Monitoring Report 2006.

Vanderstoep, S.W., and Johnston, D.D. (2009). *Research methods for everyday life: Blending qualitative and quantitative approaches.* USA: John Wiley and Sons, Inc.

Wilson, N. S., Grisham, D. L., & Smetana, L. (2009). Investigating content area teachers' understanding of a content literacy framework: A yearlong professional development initiative. *Journal of Adolescent and Adult Literacy*, 52,pp. 708–718.

Yang, J., & Ping, L. (2012). Brain networks of explicit and implicit learning. *PLoS One*. 7(8)

Yoder, K. K., and Young, J. (2013). "Literacy course priorities and signature aspects of nine elementary initial licensure programs." *Literacy Research and Instruction* 52 (1): pp. 1–27.

Zaki, N. F. M., Ahmad, N. A., & 'Ashri, M. 'Ilman M. (2019). Exploring the factors affecting the gap on literacy skills among students with learning disabilities: A case study. *International Journal of Academic Research in Progressive Education and Development*, 8(3), pp. 237–247.